International Labour Organization




# Mirgaa fi Dirqama Qooda Fudhattoota Ijoo Sababa Hojiitif

# Itoophiya Irraa Gara Biyya Alaa Deemanii

Copyright © International Labour Organization 2020
First published 2020

Publications of the International Labour Office enjoy copyright under Protocol 2 of the Universal Copyright Convention. Nevertheless, short excerpts from them may be reproduced without authorization, on condition that the source is indicated. For rights of reproduction or translation, application should be made to ILO Publishing (Rights and Licensing), International Labour Office, CH-1211 Geneva 22, Switzerland, or by email: rights@ilo.org. The International Labour Office welcomes such applications.

Libraries, institutions and other users registered with a reproduction rights organization may make copies in accordance with the licenses issued to them for this purpose. Visit www.ifrro.org to find the reproduction rights organization in your country.

ISBN 9789220320709 (print)
ISBN 9789220320716 (Web pdf)

**Also available in** [English]: Rights and Responsibilities of Relevant Actors on Labour Migration in Ethiopia, ISBN 978-92-2-031988-8 [print] ISBN 978-92-2-031987-1 [web pdf].

The designations employed in ILO publications, which are in conformity with United Nations practice, and the presentation of material therein do not imply the expression of any opinion whatsoever on the part of the International Labour Office concerning the legal status of any country, area or territory or of its authorities, or concerning the delimitation of its frontiers.

The responsibility for opinions expressed in signed articles, studies and other contributions rests solely with their authors, and publication does not constitute an endorsement by the International Labour Office of the opinions expressed in them.

Reference to names of firms and commercial products and processes does not imply their endorsement by the International Labour Office, and any failure to mention a particular firm, commercial product or process is not a sign of disapproval.

Information on ILO publications and digital products can be found at: www.ilo.org/publns.

Printed in Ethiopia

# Mirgaa fi Dirqama Qooda Fudhattoota Ijoo Sababa Hojiitif

## Itoophiya Irraa Gara Biyya Alaa Deemanii

Odeffannoon barruu kana keessatti akka qopha'au ta'e kun mirgaa fi dirqama qooda fudhatoota dhimma godaantota sababa hojiitif gara biyyoota Gamtaa Galf deeman hubachiisuuf, odeeffannoo fi bu'uura seera qabeessa irratti kan qopha'e yoo ta'u, maddi ragaawwan askeessatti ibsamaniis odeeffannoo kana deggaruu qofaaf kan tajaajilu dha.

Odeeffannoowwan armaan gaditti dhiaaytan kanneenis kan irraa fudhataman,labsii bobba'insa hojii biyya alaa lak 923/2008[1], walii galtee gar-lamee biyya Itoophiyaa fi Kaatar gidduutti akka lakkoofsa Awurooppaatti bara 2012 mallatteeffame irraa, mootummaa Itoophiyaa fi Joordan gidduutti waliigaltee akka lakkoofsa Awurooppaatti bara 2012 mallatteeffame irraa, waliigaltee mootummaa Itoophiyaa fi mootummaa Saawud Arabiyaa akka lakkoofsa Awurooppaatti bara 2017 mallattaa'ee irraa, waliigaltee mootumaa gamtaa Arab Imireet akka. Lakkoofsa Awurooppaatti bara 2018 mallataa'ee fi murtee mootummaa Saawd Arabiyaa 330/1334 dhimma hojii mana keessaa irratti akka lakkoofsa Awurooppaatti bara 2013 tti kenne, labsii hojjetoota manaa lakk.13/2018 kan biyya Kaataar,Seera Federaala mootummoota Arab Imireet dhimma hojjetoota manaa yookiin tajaajila manaa lakk.10/2017, Qajeelfama hojjetoota manaa Jordaan lakk. 90/2009 kanneen akka bilcheesitoota nyaataa, shuukuntuu fi kanneen kanaan walfakkaatan irraa kan sassabame dha[2].

1 https://chilot.me/wp-content/uploads/2017/04/proclamation-no-923-2016-ethiopia_s-overseas-employment-proclamation.pdf

2 https://www.ilo.org/dyn/travail/docs/642/Regulation%2090.2009.pdf



## 1. Mirgaa fi Dirqama Hojjetoota Hojii manaatiif gara biyya biraa deemanii

### *Mirga Hojjetoota Hojii manaa biyya alaatti hojjechuuf bahanii*

Hojjetooti hojii manaa hojjechuuf biyya alaa deeman mirgoota asii gadii niqabaatu;-

*Biyya itoophiyaa gadi dhiisuun bahuu dura;-*

- Leenjii ogummaa fi odeeffannoo bobba'insa hojii seera qabeessaa ta'e argachuun dandeettii fi beekumsa haala gaariin bobba'insa hojii seera qabeessaaf isaan dandeessisuu hidhachuu fi gonfachuu qabu.
- Haala qacarrii fi haala hojii isaanii karaa ifa ta'ee fi kan mirkanaa'e akkasumas karaa salphaa ta'ee fi hubachuu danda'aniin akka argatan ta'ee, dabalataanis maqaa fi teessoo hojjechiisaa isaanii, iddoo hojii, turtii waliigaltee, gosa hojii,haala hojii, haala kaffaltii, yeroo kaffalttii, guyyaatti sa'a hojii,boqonnaa waggaa,yeroo aara galfii guyyaa fi torbanii,haala itti biyyatti deebi'amuu fi dhimmaa

fi haala waliigalteen hojii itti addaan cituu danda'u hunda sirriitti odeeffannoo argachuu qabu.

- Lakkoofsa herrega baankii biyya ka'umsaattis ta'ee biyya gahumsa isaaniitti banachuun haala itti reemitaansii fi mindaa isaanii irraa gara biyyaatti karaa saaphanaa daddabarsa maalaqaa sirrii fi seera qabeessa ta'een erguu danda'an hubachuuu.
- Edda qabiyee waliigaltee hojii isaanii sirritti hubatanii fi irratti walii galanii booda, waliigaltee hojii isaanii hojjechiisaa yookiin ejensii wajjin waliif mallateessuu.

*Yeroo Biyya deeman ga'ani fi yeroo turtii hojii isaaniittii mirga qaban;*

- Hojii dirqii irraa bilisaa ta'uu.
- Yeroo turtii hojii isaaniittii loogii koorniyaa,amantaa fi sanyii irraa bilisa ta'uu.
- Sa'aa hojii idilaawaa seera biyya dhaqaniin tumame jiru hojjechuu.
- Kaffaltii ka'umsaa seeran yeroo hojii idileef kaa'amee fi kaffaltii hojii sa'a dabalataa sirrii ta'een haala kaffaltii ka'umsaa seera biyya itti deemamen kaffalamu argachuu, Yookin miindaa ka'umsaa kan fudhatama qabu waliigaltee gar-lamee biyyoota lamaaniin taa'e yookiin waliigaltee addunyaa biyyoota laamaniin mallatta'ee fi mirkanaa'ee keessaa kan irra caalaa hojjetaa fayyadu argachuu.
- Boqonnaa waggaa fi boqonnaa torbaanii haala seera biyya itti hojjechuuf deemanii keessattii tumameen yookiin ibsameen, akkasumas yaala fayyaa bilisaa,nyaata,mana jireenyaa,qulqullina



gaarii fi uwwisa inshuraansii lubbuu fi qaama midhamummaa qabaachuu.

- Guyyaa boqonnaa mirga iddoo hojii deemuu dhiisuu.
- Haala idilaawaa ta'een firoota wajjiin walqunnamuu (yoo xiqqaatee torbanitti si'a tokko) karaa bilbilaa yookiin mala biraa baasii ofiin yookiin baasii hojjechiisaan akkuma waliigaltee isaaniin kan uwwifamu ta'a.
- Yeroo haalli qabiinsa hojjetaa mijaawaa hin taane yookiin sarbamuun mirga adda addaa kan akka tuqamuu miiras ta'e, kan qaamaa yookiin miidhaan sababa saalaa uumamuutti mirga embaasii ofii yookiin ejensii qacarsiisee qunnamuu qabaachuu.
- Amantaa fi aadaa nama kaanii kabajuun mirga amantaa ofii gaggeffachuu.
- Yoo wantooti waligaltee keessattii ta'an cabanii yookiin qunxuramanii argamaman mirga komee dhiyeeffachuu.
- Mirga haala hojii fi iddoo hojii qulqulluu qabaachuu.
- Mirga yeroo hundaa paaspoortii, eeyyama jireenyaa fi eeyyama hojii ofii harkattii qabaachuu fi iddoo mijaawaa keewwachuu.
- Yoo maal nadhibdeen yookiin ofeeggannoo dhabuun ta'e malee mirga wantoota hojii irrattii badanuu, yeroo hojii yookinn yeroo tajaajila kennuu cabanuuf kaffaluu dhabuu.

## *Dirqama Hojjetoota manaa Gara Biyya Alaa Hojiif Deemanii*

Hojjeettoonni hojiif godaanan Dirqamootin isaan qaban

*Osoo biyya Itoophiyaa gadi hin dhiisin dura*

- Akkataa labsii bobba'insa hojii biyya alaa lakk 923/2008 keessattii tumameen, hojjettoonnii baasii armaan gadii yeroo calallii fi qaxarrii ni uwwisu.
  - Baasii paaspoortii argachuuf kaffalamu.
  - Baasii mirkaannessa waliigaltee hojii fi waraqaaa ragaa yakka irraa bilisa ta'uu.
  - Baasii qorannoo fayyaaf kaffaluu.
  - Baasii talallii,ragaa dhalootaa fi.




- Baasii ragaa madaallii gahumsa ogummaaf kaffalamu.

▶ Karaa ejensii seera qabeessa ta'ee deemuu,odeffannoo, teessoo ejensiiwwan karaa seera qabeessan hojjetaa fi hojii walqunnamsiisanii karaa Ministeera Dhimmaa Hojjetaa fi Hawaasummaa yookiin karaa Biiroo Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaan argachuu.

▶ Karaa bobba'insa hojii idilaawaa yookiin seera qabeessaa ta'e haala labsiin bobba'insa hojii biyya alaa lakk 923/2008 gaafatuun fayyadamuu, haaluma kanaanis.

- Umurii waggaa 18 ol ta'uu.
- Barnoota kutaa 8ffaa xumuruu.
- Leenjii ogummaa hordofuun ragaa madaallii gahumsa ogummaa fudhachuu.
- Leenjii hubannoo hojii- duraa fi leenjii imala -duraa fudhachuu.
- Gidduu gala Odeeffannoo Godaantootaa fi Biiroo Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa irraa hubannoo waa'ee mirgaa fi dirqama isaanii argachuu fi sagantaa leenjii fi leenjii imala duraatti hirmaachuu.

- Dhaabbilee fayyaa mootummaa Itophiyaan adda bahanitti qorannoo fayyaa gaggeessuu fi dhaabbaticha irraa ragaa qorannoo fayyaa fudhachuu.

*Yeroo biyya itti hojjetan gahanii fi yeroo turtii hojii isaanittii dirqama isaan irraa eegamu*

- Sadarkaa mirga namummaa addunyaattii mirkanaa'een, maatii fi haala jireenyatti madaquu.
- Yeroo hunda waraqaa eenyumeessaa harkattii qabachuu fi manaa bahuun duraa hojjechiisaa ofii beeksiisu.
- Haga mirga namummaa idila addunyaan mirkana'een waliitti hin bu'initti seera biyyichaa, barsiifata hawaasaa fi dudhaa akkasumas amantaa, aadaa, biyyichaa kabajuu.
- Gahumsaa fi amanamummaan hojicha hojjechuuf irrattii waliigalame raawwachuu.
- Icciitii fi odeeffannoo hojjechiisaa, mallaqaa fi qabeenya isaa kamiin iyyuu, akkasumas namoota isa waliin jiraatanuu fi keessummoota isaa eeguu.
- Yaada –qalbii gaariin tajajiluu.
- Yoo faallaa seeraa yookiin waliigaltee hojii ta'e malee lubbuu yookiin mallaqa isaa (ishee) yookiin lubbuu, mallaqa qaama



sadaffaa balaaf kan saaxilu yoo ta'e malee, ajaja fi qajeelfama hojjechiisaa giddu galeessaan fudhachuun hojitti hiikuu.

- Meeshaalee hojiin akka hojjetuuf harka isaa seene, haala fi amala hojichaaf ta'uun qabuu fi yeroo xumura tajaajilaa hojjechiisaaf deebisuu.
- Haala faallaa seeraa fi qajeelfama biyyichaan ala kaffaltiinis ta'e kaffaltii malee namoota biroof hojjechuu.
- Hojjechiisaa (hojjechiistuus) ta'ee maatii yookiin nama biraa isa wajjin jiraatuu karaa kamiinuu miidhuu irraa of qusachuu.
- Haala adeemsa waliigaltee hojii keessa taa'een ala walii galtee hojii addaan kutuu.
- Yeroo gara biyyattii boqonnaaf deebi'amu fi yeroo gara hojjechiisaa jalqabaattii deebi'amuu ragaalee kana gadii dhiyessuun Ministeera Haajaa alaa fi ministeeraa Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummatti beeksisuun galmaa'uu:
  - Paasportii fudhatama qabu
  - Viizaa fi eeyyama hojii biyya hojiif deemamutti fudhatama qabu
  - Ragaalee kan biroo akkuma barbaachisummaa isaattii.







## 2. Mirgaa fi dirqama hojjechiistota Gumii biyyota Galf

### *Mirga hojjechiistotaa*

Hojjechistootni mirgoota akka;

- Yeroo hojjetaan (ttun) seerota rawwatinsa qaban cabse yookiin cabsitee, bakka hojii isaatii yookiin isheetii bade (badde) yookiin hojii sanaaf ta'uu baatee (baattee) hojjechisaan mirga walii galtee addaan kutuu yookiin haquu ni qaba.

### *Hojjechisaan dirqamoota*

Dirqamoota hojjechiistonni qaban:

*Itoophiyaa keessaa osoo hin ba'in dura*

- Baasiiwwan hojjetaa kan akka baasii geejibaaa dhaqaa fi gala, baasii eeyyama hojii, baasii eeyyama jireenyaa, baasiiwwaan inshuraansii, baasii vizaan walqabatu, baasii viizaa seensaa fi baasii mirkaneessaa ragaalee fi mirkaneessaa waliigaltee yeroo filannoo fi Qacarrii uwwisuu ni qabaata.

- Inshuraansii lubbuu fi miidhaa qaamaa bituu.
- Hojii hojjetaan irrattii walii hingallee irratti bobbaasuu dhiisuu.
- Yeroo hunda yaada fi ilaalcha gaariin hojjetaa ilaaluu.

*Yeroo biya alaa ga'an fi yeroo hojjetanitti.*

- Nyaata gahaa fi dhugaatii, eguumsa fayyaa fi yaala gahaa argachuu.
- Yoo kan du'e ta'e (taate) baasii reeffaa biyyattii deebisuu fi qabeenyaa isaa deebisuu fi miindaa isa birattii hafe kaffaluu.
- Haala kabaja dhuunfaa hojjetaa eegeen, haala jireenyaa fi hala hojii mijaawaa dhiyeessuu.
- Akkuma biyya sana ga'een odeeffannoo haala hojii gahaa keennuufii, keessaa iyyuu, mana daawwachisuu,haala fayyadama meeshaalee (maashinoota) fi qajeelfamoota mana keessaa ibsuufii.
- Hojjetaa hojitti bobba'u haala waliigaltee ibsuu fi akkasumas hubachuu isa mirkaneeffachuu.
- Hojjetichaaf eeyyama jireenyaa, eeyyama hojii keennisisuu ykn haaromsuu.



- Gochoota hamaa, saamichaa fi hojetaa gidirsuu irraa ofqusachuu.
- Hojjetoota godaantota tiksuu fi eeguu fi kabajaa fi xiinsammuu isaaniif of-eeggannoo barbaachisaa gochuu.
- Hojjetoota manaa tasuma fayyaa fi lubbuu isaanii balaaf saaxiluu dhiisuu, akkasumas waan qaama, xiin-sammuu fi haamilee isaanii tuquuf saaxiluu irraa ofqusachuu.
- Yeroo boqonnaa hojjetaa guyyaas ta'e torbanii hojjetaa wajjin duraan yoo irrattii waliigalamee fi haala gaariin iddoo buusuuf yoo waliigalamee malee hojii akka hojjetu gaafachuu dhiisuu.
- Miindaa isaa haala walii galameen dhuma ji'aa yookiin ji'i itti aanuu seenee guyyaa walitti aanan sadii keessattii kaffaluu.
- Sababa qacarrii hojiif jecha gatii tajajilaa, baasii yookiin koomishiniif jecha miindaa hojjetaa irraa maallaqni tasuma cituu hin qabu.






## 3. Dirqama Ejeensiiwwan dhuunfaa bobba'insa hojii biyya alaa

Ejensiiwwan dhuunfaa bobba'insa hojii biyya alaa dirqamoota isaan qaban;

*Biyya Itoophiyaa gadi lakkisuun dura*

- Hojjetoota hojiif bobba'an karaa kallattinis ta'e alkallattin baasii guutuu yookiin walakkaan tajaajilaaf yookiin baasii kamiinuu kaffalchiisuu dhiisuu.
- Qacarrii hojjetoota hojiif deemanuu fi beeksisaa hojii karaa ifa ta'een geggessuutu irraa eegama.
- Hojjetoota hojiif biyya alaattii bobba'anuuf haala waliigala hojii fi haala biyya itti deemanu hubannoo gahaa kennuu, odeffannoo imala duraa fi tajaajila gorsaa gahaa kennutu irraa eegama.
- Waliigaltee hoji barreffamaan qopheessuun afaan hojjetaan sirritti hubachuu danda'uttii jijjiruun kooppii isaa hojjetaa akka qaqqabuu taasisuu.
- Hojjettotaaf keewwaattoota waliigaltee ibsuu.

- Naamusaa bu'uuraa calallii fi qaxarrii bifa eegeen hojjetoonni dhiibbaa fi saamocha kamif akka hin saaxilamne bitamaa ta'uu.

*Yeroo biyya gahumsaa qaqqabanii fi yeroo turtii hojjii keessattii dirqama*

- Yeroo qacarriittis ta'e yeroo turtii keessattii sababa sanyii, bifaan,saalaan, amantaan, siyaasan, bu'ura hawaasummaan, yookiin bifa kamiinuu hojjettota irra dhiibbaan akka hingeenyee.
- Hojjetoota gara giddugala baha Eshiyaattii imalanuuf yeroo turtii hojii isaan hunda eegumsa barbaachisaa gochuufii.
- Ragaa darbiinsaa fi ragaalee hunda hojjetoota gara biyyoota Gamtaa Galfi Ejensiiwwan dhuunfaatiin deemanu galmeessisuutu irraa eegama.
- Eddee waliigalteen hojii mirkanaa'ee kaasee turtii ji'a tokkkoo keessatti hojiitti bobbaasuu qaba.
- Misi'oonnii fi Qoontsilaa biyya Itoopiyaa guyyaa 15 keessattii kan hojitti bobba'an beeksisuutu irraa eegama.
- Hojjetaan eyyama jireenyaa fi eeyyama hojii argachuu isaa mirkaneeffachuu.
- Waliigaltee hojii kan cabee hin jirree ta'uu mirkaneeffachuu.



## 4. Dirqama (itti gafatamummaa ) motummaa biyya irraa deemanii fi biyya ga'anii

### *Gahee fi itti gafatamummaa biyya ga'anii*

Biyyi simatte yookiin ga'an dirqamoota armaan gadii ni qabdi:

- Biyyittin hojjettoonnii biyya ishee ga'an haala itti haqa argachuu danda'an mana murtii seeraa yookiin karaa biraan miidhaa irra gaheef haala itti beenyaa, komee dhiyyeffatanu fi haala itti waldhabdeen hojjetaa fi hojjechisaa gidduu jiru i karaa nagaan hikkatu mijeessuu.
- Haala seeroti fi qajeelfamoonni dhimma hojjetoota hojiif biyya isaanitti bobba'anii itti hojii irra oolaa jiru mirkaneeffachuu fi haali hojii fi jireenyaa mijaawaa ta'uu isaa fi haalli komiin itti keessummeeffamaa jiru akkataa waliigaltee hojii fi waliigaltee gar-lamee mallatta'een ta'uu mirkaneefachuu.

- Hojjettota lammii ta'aniif kanneen biyya biraa irraa dhufan gidduu garaagarummaan qabiinsaa kan hin jirree ta'uu mirkaneeffchuu.
- Yoo dhiibbaan mirgaa jiraate haalli beenyaa gahaa ta'e jiraachuu isaa mirkaaneeffachuu.
- Haalli qabiinsa namaa fi mirgi hojii hojjetootaa jajjabessaa ta'uu isaa mirkanneeffachuu.
- Hojjettoonni hundi haala gahaa fi quubsaa ta'een mirgi isaanii karaa hundaan sarbamuu fi gidirfamuu irraa bilisa ta'uun kan fayyadamaa jiran ta'uu mirkanneeffachuu.

### *Gahee fi itti gafatamummaa Mootummaa Itophiyaa*

Mootummaa Itoophiyaa (Ministeerrii Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa Federaalaa Itoophiyaa) Dirqamoota armaan gadii qaba.

- Waligalteen hojii haala waliigaltee gar-lamee mallatta'e fi bu'ura daangaa seera biyya Itoophiyaa fi biyya hojjetaa simateen ta'uu isaa mirkaneeffachuu.
- Biyya isaanii irraa socho'un dura kooppiin waliigaltee hojii hojjetaa qaqqabuu isaa mirkanneffachuu.
- Hojjettonni hojiif biyya alaatti bobba'an, haala fi amala hojii isaanii fi qabiyyee waliigaltee hojii isaanii karaa guutuu ta'een hubachuu isaanii mirkanneeffachuu.
- Ejensiiwwan bobba'insa hojii irrattii bobba'an akka isaan hojjettota filachiisanii fi qaxarsiisan aangeessuu.
- Ejeniiwwan dhuunfaa hojii walqunnamsiisan gocha isaaniittiin mirgi hojjetootaa akka hin sarbamnee fi hin saamamne to'annoo fi hordoffii geggessuu.
- Karaa bilisa ta'een yookiin kaffaltii tokko malee hojjetoonni hojiif biyya alaa bobba'an leenjii hojii duraas ta'e leenjii imala duraa akka argatan taasisuu.

- Hojjettoota hojii barbaaduu fi haala adeemsa bobba'insa hojii kennuu fi akkasumas haalaa fi amala hojii biyya itti bobba'anuu odeeffannoo gahaa kennuun deggaruu.
- Mirgi, nageenyi fi kabaji hojjetootaa hojiif biyya alaa bobba'anii eegamaa jiraachuu mirkaneeffachuu.
- Hojjetoonni haala itti komii isaanii dhiyeeffatanu, dhimma isaanii karaa nagaan waliigalteen akka hiikkatan yoo hin taane ta'e immoo haala itti deemanii fi akkataa itti hikkachuu danda'an beeksisuu.

**For further information, please contact:**

**Aida Awel (Ms)**
Program Manager,

ILO Country Office for Djibouti, Ethiopia, Somalia,
South Sudan and Sudan
Menelik II Avenue, ECA Congo Building, 5th Floor
P.O Box 2788, Addis Ababa, Ethiopia

Email:aida@ilo.org

Biroosshariin kun yaada mana maxxansaa yookiin yaada dhuunfa brreessichaa hin ibsu.
Barrruuleen kun kan qophaa'ee Dhaabbata Hojjettoota Idila Addunyaan (ILOn) akka lakk.oofsa.
Awurooppaatti Ebila, 2019 tti Qophaa'ee.

Godaansi seera qabeessa fi of-eeggannoo qabu ni jajjabeeffama.


USUAL WORKPLACE
METHOD OF CALCULATION
EMPLOYER
ANNUAL LEAVE
DOMESTIC
ACCOMMODATION
NORMAL HOURS
PROBATION
WORKPLACES
DOMESTIC WORKERS
PERFORMED
WORKER
PAYMENT
DAILY WORK
TRIAL PERIOD
RIGHTS
TERMINATION OF EMPLOYMENT
CONTRACT
TERMS AND
CONDITIONS
SPECIFIED PERIOD
REST PERIODS
REMUNERATION
TIME AND DURATION
TYPE OF WORK
PAYMENTS